

HAQOOTA JIRAN ARGADHAA.

ERGA TALAALLAMTANII BOODA NAGAAN TURAA.
HAWAASA KEESSAN EEGAA.



Eegumsa talaalliiwwan kennan hunda argachuudhaf, erga limmoo dhumaa keessan fudhattanii booda torban lama fudhata.




COVID-19 irraa eegamanii turuuf, yeroo ulaagaa guuttan talaalliiwwan ittisa dabaloo (booster) fudhachuu dabalatee, talaalliiwwan COVID-19 keessan yeroo yeroon hordofuun barbaachisaadha.

ERGA TALAALAMTANII BOODA NAGAA TA'AA

Erga talaallamtanii booda illee, kanneen armaan gadii ittuma fufaa:



Haguuggii godhachuu.



Fageenya eeggachuu.



Namoota hedduu waliin walitti qabamuu dhiisuu.



Harka keessan yeroo yeroodhan dhiqachuu.



Iddoowwan tuttuqqaan itti baay'atu qulqulleessuu.

Guutummaatti talaallii kana kan fudhattan ta'u illee, yoo kan armaan gadii ta'an dafaa qorannoo COVID-19 taasisaa:



Yoo naannawa nama dhibee COVID-19 qabuu turtanii fi miirri dhukkubbiis isinitti dhagahama ta'e. Dabalataanis, mana turuudhan namoota biroo irraa fagaachuu.

Isin nama baay'ee waliin kan jiraattanii fi naannawa nama COVID-19 dhan qabamee turtanii jiraattan. Yoo miirri dhukkubbii kan isinitti hin dhagahamne ta'e illee, qoratamaa. Dabalataanis, mana turuudhan namoota biroo irraa fagaachuu.